# LIDA Stories

lidastories.net

## Sababa sirrii ta’eef dhaabachuu / Å skilje seg ut for rett sak

✐ LIDA Portugal
Sunniva Høiby-Øiset
Muhammed Berisso (om), Espen Stranger-Johannessen (nn)

This work is licensed under a Creative Commons Attribution 4.0 International License.
https://creativecommons.org/licenses/by/4.0

## Sababa sirrii ta’eef dhaabachuu

## Å skilje seg ut for rett sak

✐ LIDA Portugal
Sunniva Høiby-Øiset
Muhammed Berisso

4

Afan Oromo om / nynorsk nn

Edisoon Angoolaatti dhalate, erga biyyattiin bilisa baate booda. Mucaa baayyee dheeraa ture. Sababa dheerina isaatiin adda bahee mul’ate. Namoonni waraana biyya keessaa keessatti akka lolanuutti ijoolleef meeshaa waraanaa kennaa turan ijoollee dhiiraa akka isaa barbaadan.

. . .

Edson vart fødd i Angola, rett etter at landet vart sjølvstendig. Han var ein veldig høg gut. På grunn av høgda hans skilde han seg ut. Folk som gav våpen til barn for å kjempe som soldatar i borgarkrigen, ville ha barn som han.



Amma nama guddaa waan ta’eef, Edisoon daa’imman baqattootaa fi namoota biroo hawaasa keessaa baafamuuf balaadhaaf saaxilaman leenjisa. Yeroo tokko dheerinni isaa daa’ima loltuu ta’uuf balaa keessa isa galche. Amma, dheerinni isaa namoonni kaan nageenyi akka itti dhaga’amu gargaaruuf humna isaaf kenna.

. . .

No som han er vaksen, trener Edson flyktningbarn og andre som står i fare for å bli utestengt frå samfunnet. Ein gong hadde høgda hans gjort at han var i fare for å bli barnesoldat. No har høgda hans vorte ei styrke for å hjelpe andre til å kjenne seg trygge.

Guyyaa tokko barsiisaan tokko kubbaa harkaa irratti hammam akka ga'umsa qabu hubate. Garee kubbaa harkaa tokkotti makamee baayyee milkaa'eera. Mana barumsaatti jaallatamaa ta'ee michoota horateera. Akkasumas ofitti amanamummaa guddaa argate.

. . .

Ein dag la ein lærar merke til kor god han var i basketball. Han byrja på eit basketballag og gjorde det veldig bra. Han vart populær på skulen og fekk mange venner. Han vart òg meir sjølvsikker.



Haati isaa akka isa fudhatan sodaattee waan turteef, adaadaa takka waliin Poorchugaal akka jiraatu erguuf murteessite. Achitti nagaa ta'a jettee yaadde.

. . .

Mora hans var redd ho skulle miste han, så ho bestemte seg for å sende han til Portugal for å bu med ei tante. Ho trudde at han ville vere trygg der.

Edisoon haala qilleensaa ho’aa, nyaata aadaa fi hunda caalaa hammachuu fi dhungachuu haadha isaa waan dhabeef, jalqaba irratti baayyee rakkisaa ture.

. . .

Det var veldig vanskeleg i byrjinga sidan Edson sakna det varme vêret, den tradisjonelle maten, og mest av alt klemmane og kyssa frå mora.



Afaan Poorchugaal akka gaariitti waan hin beekneef daree isaa fi haasawa hiriyyoota daree isaa hordofuun baayyee itti ulfaate. Hundaafuu gara Poorchugaal dhufuun yaada gaarii ta’aa jedhee yaade.

. . .

Han snakka ikkje portugisisk så godt, og det var veldig vanskeleg å følgje med i timane og samtalane til klassekameratane. Han lurte på om det eigentleg var ein god idé å komme til Portugal.